

# Maareen (Smallpox)

## Maareen (smallpox) hagaam sodaachisaa ta'uu danda'a?

Dhibeen kuni kan inni ittiin beekamu qaama nama gubuu fi shiffi jedhee qaama namaatti



*Kitiibaatii Maare*

yaa'uu (rash)  
dhaanidha. Maareen yeroo tokko seena ilma namaa keessatti yeroo maareen gaagaa'ama dhibee lubuu isa gudaa namaaf sodaachisan

keessa isa tokko ture. Dhibeen maaree kuni kan inni uumaamuu danda'e vaayirasii (virus) irrattidha. Maareen namoota dhibee sanan qabaman keessa nama sadi keessa nama tokko ajjeesa ture.

Haata'u malee, bara 1980tti maareen akka gaaritti dhukuubi nagaa namaaf sodaachisaa keessa isa tokko ture. Galaani barnoota cimaa isa kara DhaabaNagumma Ilma Namaa Eegu (World Health Organization) keenameen maareen baduu dandaa'era. Rakoon dhibee kana ilaachise biya lafaa keessatti gabaasi inni dhumaa kan inni gabaafaame bara 1970 gara jalqaba isaatti dha. Waan horooti dhibee kana hinqabaneef ykn dhibee maaree kana tokko irratti gara birootti kan dabarsu namoota irra kanhaafe hinture. Dhibeen kuni nama qabuuf caraa inni qabu ture duwaa (zero) dha.

Dhibeen maaree kuni qulquleese badeera jechuu hindandeenyu. Erga dhibeen maaree kuni bade booda fakkeenyaaaf akka ta'utti vaayiraasii (virus) kuni laabooraatori (laboratory) keessatti hafeera - haata'u malee, vaairaasiin kuni akka meesha nama baleesuutitti dhimma ba'uudhaaf miijeefamee jira jedhame amaanaama. Kanaatif vaayirsii kana beeka qil'eensa keessatti gaddhsaani akka dhibeen maaree kuni qil'eensa keessatti tarsa'ee akka inni gaagaa'ama guddaa fidu danda'uu caraan isaa guddaa beekamadha. Shoroorkistun vaairaasi maaree kanattiin dhimma baa'uudhaan gaagaa'ama fidu danda'ama jedhamee kan yaadamu yaadi baaye xiqqoodha. Haata'u malee, yoo gaagaa'mini kuni ta'e dhumi gaagaa'ama kana hammana hinjedhamu – badii guddaatu ta'uu danda'a.

## Maali miliikiititooti Maare?

Miliikitooti dhibee maareedha qaama gubaa guddaa, mataa dhkkubbii fi dhukkubbii qaama akkasumas yeroo tokkoo nama balaqaamsiisu/oli-nama deebiisudha. Guyyoota lama haga guyyoota afurii giduuitti qaama nama irratti shiffi jedha. Shffiin kuni qaama namaaitti facaa'ee, gara dhiítaa, madaa'uufii fi qola goga qama irra ka'uu itti tarkaanfaata. Torban sadii booda qonnyoonyaan madaa sana irratt ka'ee gaddhiisuudhan madaa'a nama dhukubu qaama irrtti mallaatoo isaa dhiisee harrc'a'aa.

# Maareen (Smallpox) – Fuula 2

**Erga gaagaa'ama maaree kanaitti  
kufaanii haga'am nama fudhata  
dhibee maaree fudachuuf?**

**Yoomi si irra nama birooitti dhibee  
kana dabarsuu dandeessa?**

Miliikiitooni dhibee maaree inni jalqaba dhuka'uut kan jalqabu guyyoota 12-14 booda erga abbichi dhibee kana itti kufee. Haata'u malee miliikiti dhibee kana guyyaa torba haga guyyatoot 17ttis miliikiti kuni ni argama. Yammuu miliikiti inni jalqaba kuni argaamu namni dhibee kana qabu waan dhukufatuuf bakka tokkoo bakka tokkoo deemu ykn tootoochu'u hindandaa'u. Yeroo kanaitti namni dhukuufate kuni dhibee kana nama tokkotti dabarsuu hindandaa'u hamma shifiin qaama abbicha irratti baa'uti.

**Dhibeen Maaree nama tokkoo irra  
gara nama biroo itti waan  
darbuudha?**

Mareen dhibee namaitti darbuudha, haata'u malee, salpha itti namaitti hindarbu akka dhibee tokko tokko kana akka: utaaloo/qufaa (influenza) ykn fannxoo. Waligalaatti yeroo dheera (prolonged), fuula fuulatti (face-to-face) waliitti buu'u/waliitti dhi'aatanii jiraatudhaan fakkeenyaaaf, mana tokkoo keessa waliiwajjiin jiraatuudhan dhibeen kuni nama tokkoo irra gara nama birooitti darbuu danda'a. Akkasumas jiidha qaama nama dhukkubsatu keessa ba'uitti yoo buu'ame darbuu dandaa'a ykn siree abbichi dhukkubsata ta'e suni irra lafe irra raafuudhaan dhibeen kun nama itti darbuu danda'a ykn hucuu /uffata isa uffaachuudhan. Akkasumas qil'eensa mana keessa ykn bakkootii cufaa taa'anidhan, waan akkana kanan yeroo baayee hinta'u.

**Dhibee maareef wallaansi ni jira?**

Yeroo amma itti wallaansi beekame hinjiru. Haata'u malee, karaa kitii-baati mareedhaan akka dhibeen kuni nama hinqabne godhuun ni dandaa'am.

Eega namooni jarmii maaree (smallpox virus) itti kufani yoo kitii-baatti fudhaatan dhibee maaree irra isaan ittisuun danda'a. Hataa'u malee, kitii-baatin maree dhibbaa dhibaitti nama irra dhibee maaree kana ittisuun hindanda'u. Eega gaagaa'am jarmii maaree kanaitti eega kufani guyyaa sadi keessatti yoo kitii-baatti maaree argaatan akka osoo gaagaa'ama jarmii maaree kanaitti osoo hinkufin *duratti* yoo fudhatan wajjiin wal'qixeedha. Eega gaagaa'ama jarmii maaree kanaitti eega kufani guyyaa torba keessatti yoo kitii-baatti fudhatan aango dhibee kana ni laaffisa.

Haata'u malee, namoota tokko tokkoof kitii-baatin maaree dhibee haamaa ykn du'atti nama geesuiti nama geesiisuu danda'a. Kanaattif mishooti fi faafooni kitii-baati maaree wali-bira qabamee ilaalaamuutu irra jira. Akka tilmaamameetti *yoo xiqaate*, namoota milioona tokko kan kitii-baati kana fudhatan keessa namni tokkoo dhibee kitti-baati kanaan du'a akkasumas namooni 15 baayisani dhukkubsatu (seriously ill). Yoo namni tokko jarmii maaree kana akka meesha lolaitti *dhimma itti hinba'u ta'e* dhibee maaree kanaan qabaamuun caraan isaa baayee xiqaadha ykn *duwaadha* (zero).